# Eega dhiiga laguu irraa qulqulloofnee booda bishaan booruu qabuu fi daalacha ta'e homaatti kan hin lakkoofne taane.

Haadha Axiyyaa irraa odeeffame Rabbii ishee irraa haa jaalatu, Nabiyyiif waadaa galtee turte, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, akkas jette: Eega dhiiga laguu irraa qulqulloofnee booda bishaan booruu qabuu fi daalacha ta'e homaatti kan hin lakkoofne taane.

[sirrii] [abuu daawud jecha kanaan odeesse, bukhaariin -xahaaraa booda- jecha jedhu irraa hanbisee odeesse]

Sahaabiyyittiin Ummu Axiyya jedhamtu, Rabbiin irraa haa jaalatu, dubartoonni zamana Nabiyyii keessatti nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, bishaan qaama saalaa irraa ba'u -kan bifti isaa gara gurraachoominatti, ykn gara daalachoominatti dabu- eega dhiiga heydii irraa qulqullina arganii laguutti akka isa hin ilaalle himte, kanaafuu sababaa isaatiin salaata fi sooma hin dhiisani.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee